1. Konkolaachisicha

Guyyaa tokko konkolaachisaan tokko poolisiidhaan akka dhaabbatu taasifamee ture. Garuu akka isaatti, konkolaachisaa cimaafi akkaataa hubannoo isaatiin dogongora tokkollee akka hinuumne beeka ture.

Poolisichi, "kan si dhaabsiseef naannawa mana baruumsaatti sa'aatti kilomeetira (S/K) 60n deemaa waan jirtuuf. Mallattoowwan akeekkannoo kudhan kan saffina S/K 15 qofatti daanga'uu isaa ibsan hundaa cabsitee jirta" jedheen.

Akkuma konkolaachisichaaf mallatoowwaan akeekkannoo kudhan kaa'ameef, Waaqayyo mallattoowwan akeekkannoo ifa ta'an kudhan Kitaaba Qulqullu keessatti nuu kenneera. Isaan kunis, Ajaja Kurnan Waaqayyoo jedhamanii waammaamu.

Sobdee, waa hattee ykn Maqaa Waaqayyoo akkasumaan waamtee beektaa? Atis akkuma anaa, deebiin kee 'eeyyen' yoo ta'e;

Waan Kitaabni Qulqulluun jedhu dhaggeefadhu:

- *Namni tokko seera keessaa warra kaan hundumaa eegee tokko yoo cabse, akka waan hunduma isaanii cabsetti yakki itti nimurame. (Yaq. 2:10)*

Waaqayyo kan nuun jedhaa jiru, Ajaja Isaa tokko cabsuun cubbuu hojjenne, hejjuufi ajjeechaa dabalatee Ajaja Isaa cubsuu keenyaatiinis itti gaafatamna.

- *Beenyaan nama cubbuu hojjetu du'a. (Inni argama Isaa keessatti cubbuu waan hinheeyyamneef gahaanama akka bu'u ta'a.) (Rom. 6:23)*

Seenaan kun osoo kan asumarratti dhaabbatu ta'ee abdii homaa hinqabnu ...

2. Yakkamaa

Namni yakka homaa hinraawwatin tokko abbaa alangaa bira dhaqee nama yakkamaa iddoo bu'ee du'uuf fedhii isaa ibse. Abbaan alangichaatis yaadicharratti waliigale.

Guyyaa itti aanutti, abbaan alangichaa yakkamichi murtii tokko kaawwachuu akka qabu itti hime. "Namni qulqulluu ta'e tokko siif jecha akka du'u ta'eera. Gatii inni badii keetiif baase kana yoo itti amante bilisaan deemuu nidandeessa. Garuu, aarsaa kana kan itti hinamanne yoo ta'e adabbii yakka keetiif duuti si'eeggata. Kam filattaree?"

Yesus Kiristos, Ilmi Waaqayyoo, cubbuu tokkollee hinqabu. Garuu, Inni cubbuu keetiifi kootii jedhee lubbuu isaa dabarsee kenneera. (Cubbuu keenyaaf murtiin Waqqayyoo du'a). Guyyoota sadiin booda Inni du'a injifatee ka'e.

- *Waaqayyo, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kiristos nuuf du'uu Isaatiin hammam akka nu jaallate ni'argisiisa. (Rom. 5:8)*
- *Kennaan Waaqayyoo Inni Kiristos Yesus Gooftaa keenyaaa tolaan kennamu jireenya bara baraati. (Rom. 6:23)*

Yesus sii jedhee du'uu Isaatiin ati filannoowwaa lama qabda:

Fudhachuu: - Qalbii diddiirrachuudaan cubbuu keetiif dhiifama Waaqayyoofi jireenya bara baraa argachuufi (cubbamaa ta'uu kee hubachuufi isaanirraayis deebi'uuf barbaaduu) fi Gooftaa Yesusitti amaauun fudhachuu. (Hoe 20:21)

Ykn

Dhiisuu: - Yesusiin alatti nama ta'etti ykn waan ta'e tokkotti amanuu keetiin cubbuu keetiif dhiifama Waaqayyoofi jireenya bara baraa argachuu dhiisuu, saba kanaanis, seera Waaqayyoo cabsuu keetiin adabamuu.

- *Namni Ilma Waaqayootti amanu, jireenya bara baraa qaba, inni Ilma Waaqayyootti hinamanne garuu jireenya hinargatu, dheekkama Waaqayyootu isarratti hafa malee. (Yoh 3:36)*

Waa'ee Yesus beekuu jechuun Yesusitti amanuu jechuu miti...

3. Qilleessarraa Gid-Uttaalaa

Namoonni xayyaararraa utaalan afuuffaa (parashuutii) isaanitti amanuun gad-of dhiisu.

Hafuurri Waaqayyoo yoo yaadafi fedhii isaanii jijjiire, hordoftoonni Yesus Isatti amanuu isaanii mul'isu.

- *Namni kan Kiristos yoo ta'e, uumama haaraadha, inni moofan darbe, kunoo inni haaraan dhufeera! (2 Qor. 5:17)*
- *"Onnee haaraan sii kenna, hafuura haaraanin si guuta" jedha Waaqayyoo. (Isqe 36:26)*

Garaajii keessaa lixuu keetiin ogeessa makaanikaa akkuma si hintaasifnetti mana sagadaatti deddeebi'uu keetiin Kiristaan ta'uu hindandeessu.

Cubbuu keetiif dhiifama Waaqayyoofi kenna jireenya bara baraa argachuu yoo barbaadde kadhannaa kana kadhadhu:

"Yesus, fannoorratti du'uu keetiinifi du'aa ka'uu keetiin beenyaa cubbuu kootiif kaffaluu keetti nan amana. Cubbuurraa deebi'uudhaan Ati Gooftaa koo ta'u keetti nan amana. Bara jireenyaa koo keessatti sin hordofuu barbaada. Jireenyaa bara baraa naa kenniteef galatoomi. Aameen."

- *Namni Maqaa Gooftaa waammatu hundinuu ni'oula. (Rom. 10:13)*

Fedhiin hordoftoota Yesus dhugaa ta'an kan ta'u:

- *Jireenya Gooftadhaaf ta'u jiraachuu, yeroo hundumaa waan Isatti tolu gochuu, hojii gaarii ta'e hundumatti ija godhachuu, beekumsa Waaqayyootin guddachuu. (Qol. 1:10)*

Kitaaba/Macaafa Qulqulluu guyyaa guyyaatti dubbisi.

Waldaa Kitaaba Qulqulluu barsiisittu hordofi.

Barreefamoota afaan adda addaatiin qophaa'an www.tracts.com/LKoromo.pdf irraa bilisaan gachuu nidandassa.